Irra deebiin misoomsuu fi Invastimantiiwwan Kaapitaalaa MPHA tiif Qajeelfama Mummeewwan

Caamsaa 24/2017 MPHA Board of Commissioners tiin kan ragga'e.

MPHA n qabeenyaawwan isaa hunda irrattu fedhiiwwanii fi carraawwan eergama irratti xiyyeefatan adeemsa sakkata'uu hawaasaa fi karoofannaa galmee hunda ammatu keessatti ni hirmaata. Adeemsi kunis galmawwan lama qaba:

- Kusaan manneen ummataa MPHA jiran akka qaamaa fi maallaaqaan yeroo dheeraadhaaf kan itti gaafatamtoota akka ta'an mirkaneessu; fi
- Karaa qulqullina –olaanaa fi ijaarsaatiin, jiraachuu fi gabaa qabinsa kutaawwanii dabaluudha.

Galmi MPHA maatiiwwan galii gadaanaa Minneapolis keessaatiif manneen fedhiiwwan ammaa fi kan tilmaamaman gutuu; fi kunuunsuu - fi bakka danda'ameetti ammoo ollaawwan Minneapolis tti argaman hundatti filmaatawwan manneen humnaan gitan dhiyeessudha.

MPHA jiraattota MPHA keessattuu isaan balaaf saaxilaman, dullomtootaa fi namoota miidhama qaamaa qaban, namoota galiin isaanii galii jiddu galeessaa naannichaa irraa %30 gadi ta'ee, fi maatiiwwan koolugaltootaa (akkuma seeraan hayyammeetti) dabalatee eegumsa taasisuudhaaf ofi kennaadha.

MPHA adeemsa karooraa fi hojiirra olmaa hunda keessatti hirmaannaa hawaasaa fi jiraattootaa hiika qabeessaa fi si'oomaa ta'e jajjabeessa. Akkasumas Magaalaa Minneapolis, eejansiiwwan mootummaa kan biraa, waliinis waltaiinsawwan fi bakka kusaan galmeewwan manneenii hundi gutamanitti MPHA cimsuu fi foyyeessuuf yoo sirrii ta'utti deeggartoota mannennii waliin sharkummaa fi wata'iinsa barbaada.

MPHAn jiraattonnii marii qophii karooraa fi dizaayniif hirmaannaa fi gumaachaa ni qabu jedhee yaada. MPHAn carraa irra-deebi'ee misoomsuu tarsiimowwan armaan-duratti ejansichaan hin tilmaamamne yoo qabaate, tarsomoowwan kana hattattamaan jiraattootaaf dhiheessee xinxalaa fi mariin banaa ta'ee irratti akka adeemsifamu taassissuun MPHAn dirqama ni qaba.

MPHA qabeenyaawwan hundaafuu invastimantii ijaarsa manaa fi kusaa manneenii MPHA maagaalaa guutuu hima ergamaa isaa calaqisiisan taasisa:

> *Ergamni Abbaa Taaiyaa Manneen Ummataa Minneapolis (MPHA) beeksiisuu fiqulqullu kan ta'e, manneen sirriin qabaman namoota adda addaatiif, ummata galii gadiaanaatiif dhiyyeessu fisharikoota waliin, nageenya namootaa, families anmaatii fihawaasa nuti tajaajilluf gummaachuudha.*

MPHAnkutaawwan manneen hawaasaa amma jiran hunda kuniinsuun bulchuuf yaada. Tarkaanfiin Irra-deebi'anii misoomsuu badii /diigama kutaawwan kan saaxilu yoo ta'e, MPHAn bakka bu'aa saa magaala keessaa iddoo ta'etti misoomsuuf ni yaada. Hamma bu'aa-qabeessa ta'etti, MPHAn kutaawwan jiran diiguun dura kutaawwan bakka-bu'aa isaanii ni misoomsa. Kutaawwan jiranii fi bakka-bu'aan isaanii haala qindaa'een akka deemu fi hojiileen kun akka yeroon-daangeffaman, MPHA karoora diiguu fi

ijaarsaa gulantaa-gullantaan umuuf ni ilaala.

MPHAn qabeenyawwan darbii-olaanaa qaban (high-rise) tursiisuu fi digama naannoo kana jiran hir'isuuf ni yaada. Akkasumas, Naannowwan qabeenya darbii-olaanaa qaban jiranitti kutaalee irra-deebi'anii gurmeessuuf, iddoowan-waliinii, ijaarsa kutaawwan dabalataa, filannoowwan tajaajila dabalataa, tajaajilawwan iddoo-tokkotti kennamaniif akkaataa dizaayina ragga'een dhiheessuu ni yaada.

MPHAn dizaayna halawwan adda addaa wajiin walsimu fi bira gahamu danda'u (adabtble and accessible) ta'e dhiheessuun jiraattonnii kutaa kessattii yeroo dheeraa haamma jiru isaanitti jiraachuudhaaf carraa akka qabaatan ni hojjata.

Qophiin karooraa MPHA karoora qubachisa jiraattoota qabeenyi tokkoon tokkoon irraa tuqame of-kessatti hammachuu ni qaba. Karoorri qubbachuu filannoowwan qubannoo jiran ni ibsa, deeggarsa qubbachisa MPHAn kennamu hunda (kan akka meshaa raruu fi hiikuu, gosaa fi hamma kanfaltii jiraattota qubannaaf saaxilaman, fi fi halawwan biroo marii jiraattotaa fi MPHA waligalame) kanibsu ta'a. Faayidaaleen qubannaa (Relocation) halawwan lamaanuu- gara iddoo qubannaatti deemuu fi deebi'uu-irratti hojii irra ni oola.

MPHAn tarkaanffiin irra-deeb'ani misoomsuu jiraattoota MPHA amma jiran irratti bakkaa-buqa'uu (displacement) dhaabbataa ta'eef akka hinsaaxille ni ni abdata/hojjata. Karroorrii quubannaan-yeroo gabaabaa jiraattota wajjiin mari'atamee walii-galame mirga maatiiwwanii irra-deebi'amee-misoomsuuf qubannaan ka'an gara-iddoo-duraatti deebisuu kan of-kessatti hammatedha.

MPHAn hirmaannaa jiraattota amma jiranii fi sagantaa deeggarsaa eeguudhaaf waadaa ni gala: Mana-maree jiraattotaa (resident councils), "the city-wide resident organization", hordooftoota piroojaktootii, "joint diversity initiatives", "active living initiatives", Proojaktii laawudary qabeenyawwan darbii-olaanaa qaban, maashina dhiheessaa, fi filannoowwan galii kan biroo sagantaawwan jiraattotaa deeggaran, fandii mana-maree jiraatootaa, fi tajaajilawwan qaama birootiin gamoo irratti kennaman (kan akka "Volunteers of America")

Irra-deebi'amee Misuumsuun booda, MPHAn itti-gaafatammummaa bulchinsaa fi suphaa gamoowwan hundaa ni fudhata. Waadaan kun hojiilee irra-deebi'amee misoomsuu speshialaayzid ta'e fi qaama sadaffatiin hogganamuu kan danda'u kan akka jiruu deeggarame (Assissted living) ykn manneen deegarsa qaban (Supportive housing) kan hammatedha. Irra-deebi'amee misoomsuun iddoo-tokk hoggansaa fi bulchiinsa MPHAn irraa bahiitii/dabiinsa kamiyyuu yoo qabaate, bahiitiin/dabiinsii (deviation) kun akka qaama qohpii karoora irra-deebi'anii misoomsuttii dhaabbata jiraattoota wojjiin xiyyeefannaan akka xinxalamuu fi irratti mari'atamu ni taassifama.

MPHA irra deebiin misoomsuu qabeenyaa sharikoota misoomaa dhaabbilee dhuunfaa bu'aadhaaf dhaabbataniifi bu'aaf hindhaabbanne waliin gaggeessu ni danda'aa, MPHA misoomsitoonni/sharkoonni akka ergama MPHA tiif gumaatan gaafachu mala; kunis, bakka danda'amutti, dhiyeessitii tajaajilawwanii jiraattootaaf, carraawwan hojii ykn barnootaa ni dabalata. Sarikummichi dirqamatti waligaltee-misoomaa manneen dhaabbidhaan humna kanfalamu danda'anii fi bu'aa investmentii (Return on Investment) MPHA fi jiraattoota ishee iffatti fayyadu danad'an dhugomsu qaba.